TALAALLII COVID-19

HAQOOTA JIRAN ARGADHAA.

WAA'EE OMICRON BARADHAA

JIJJIIRRAMOOTA VAAYIRASII COVID-19: WAAN ISIN BEEKUU QABDAN

Vaayirasiiwwan yeroo hundumaa ni jijijjiirramu. Jijjiiramni guddaan gaafa uumamu, saayintistoonni jijjiirama haaraa (a new variant) jechuudhan waamu. Jijjiirramoonni tokko tokko miidhan isaanii muraasa, warri biroon ammoo baay'ee balaafamoo dha.

Saayintistoonni waa'ee jijjiirramoota vaayirasii salphaatti nama qabanii fi namoota birootti daddarbanii, yookan dhukkuba cimaa fidanii yaaddoo qabu.

Ga'eessota, saafelootaa fi daa'imman dabalatee, namoonni umurii hundaa jijjiirramoota vaayirasii COVID-19 dhan dhukkubsachaa jiru.

TALAALLIIWWAN JIJJIIRRAMOOTA VAAYIRASII COVID-19 IRRAA NI ITTISU

Karaan hundarra gaarin ofii keessan, maatii keessanii, fi hawaasa keessan jijjiirramoota vaayirasii irraa ittiin eegdan, talaalliiwwan COVID-19 keessan yeroo yeroon fudhachuudha. Talaalliiwwan:

- **NAGA-QABEESSA:** Talaallichi sanyii, sab-lammootaa fi umurii garaa garaa dabalatee, namoota miliyoonan lakkaawwamaniif naga-qabeessa ta'uun isaa mirkaneeffamee jira. Carraan talaallicha caalaa rakkoolee walxaxoo COVID-19 irraa dhufuun miidhamuu maluu keessan baay'ee olaanadha.
- **BU'A-QABEESSA:** Talaallichi jijjiirramoota vaayirasii COVID-19 dhan akka hin qabamne isin eega. Talaallichi humnaan olitti dhukkubsachuu irraa, akkasumas yoo dhukkubsattanis akka hin duunef isin eega.
- **BILISA:** Talaalliiwwan haala baqatummaa keessan yookan waraqaa eenyummaa yookan inshuraansii fayyaa qabaachuu fi dhabuu keessan irratti osoo hin hundaa'in namoota hundaaf bilisa.

Yoo yeroo yeroon hin fudhanne ta'e, carraan COVID-19 dhan qabamuu, garmalee dhukkubsachuu yookan du'uu, akkasumas namoota birootti daddabarsuu keessan baay'ee guddaadha.

NRC-RIM
National Resource Center for Refugees, Immigrants, and Migrants

TALAALLAMUUDHAN JIJJIIRRAMOOTA VAAYIRASII HAMAA TA'AN DHAABSISUU DANDEESSU

Ogeessonni fayyaa hedduun ammas taanan namoonni talaallaman, keessumattuu naannoo namoonni walitti hedduummatan yookan mana keessatti walitti qabaman yoo jiraatan of-eeggannaawwan kanneen akka taasisan gorsu.

Hawaasota keenya guutumaan guututti talaaluun karaa jijjiiramoonni balaafamoon jalqabuma akka hin babal'anne ittiin ittisan keessaa isa tokko da.

Karaan hundarra gaarin ofii keessan, maatii keessanii, fi hawaasa keessan jijjiirramoota vaayirasii irraa ittiin eegdan, talaalliiwwan COVID-19 keessan yeroo yeroon fudhachuudha.

Eegumsa talaalliiwwan kennan hunda argachuudhaf, erga limmoo dhumaa keessan fudhattanii booda torban lama fudhata.

OFII KEESSANII FI HAWAASA KEESSAN JIJJIIRRAMOOTA VAAYIRASII COVID-19 IRRAA EEGAA

Jijjiirramoonni vaayirasii COVID-19 tokko tokko nama qabuu fi namoota biroottis daddarbuuf baay'ee salphoodha. Talaalamuudhan akkasumas kan armaan gadii raawwachuudhan, ofii keessanii fi hawaasa keessan eegaa:

Haguuggii godhachuu.



Fageenya qaamaa eeguu.

Namoota hedduu waliin walitti qabamuu dhiisuu.

Iddoowwan tuttuqqii olaanaa qaban farra vaayirasiitin qulqulleessuu.

Harka keessan yeroo yeroodhan dhiqachuu.

Talaalamuudhan jijjiirramoota vaayirasii hamaa ta'an dhaabsisuu dandeessu.

COVID-19 ITTISUUF GARGAARAA.

NRC-RIM
National Resource Center for Refugees, Immigrants, and Migrants

Odeeffannoo dabalataatif cdc.gov/coronavirus